# Namni Rabbiin rakkina guyyaa qiyaamaa jalaa nagaa isa baasuun isa gammachiise, nama rakkina keessa jiru hafuura haa baafachiisu ykn irraa haa baasu

Abuu Qataadaa irraa akka odeeffametti -Rabbiin irraa haa jaallatu- inni nama wahii kan isa irraa waa liqeeffate barbaadee jennaan, jalaa dhokatee, eegasii isa arge, namichis akkas jedheen: ani rakkina keessa jira, Abuu Qataadaanis akkas jedheen: Rabbiin ni kakattaa? innis wallaahi jedhe, Abuu Qataadaanis akkas jedhe: Ani Ergamaa Rabbiitii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhuun dhaga’e: «Namni Rabbiin rakkina guyyaa qiyaamaa jalaa nagaa isa baasuun isa gammachiise, nama rakkina keessa jiru hafuura haa baafachiisu ykn irraa haa baasu».
[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Abuu Qataadaa Al-Ansaariin, Rabbiin irraa haa jaallatu, nama idaa isaa qabu kan isa irraa dhokatu barbaadaa turee, isa argee jennaan, namichi idaan itti jiru akkas jedheen: ani rakkina keessa jira, qabeenyan liqii kee kaffaluun hin qabu. Abuu Qatadaan -Rabbiin irraa haa jaallatu- qarshii hin qabu jedhee akka Rabbiin kakatu taasise? Waan dubbatu keessatti dhugaa dubbachaa akka jiru Rabbitti kakate. Abuu Qataadaan -Rabbiin irraa haa jaallatu- inni Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhu akka dhagahe dubbate: Namni rakkinaa fi cinqaa haala Guyyaa Qiyaamaa jalaa Rabbiin isa baasuun isa gammachiise, nama rakkina qabu kaffaltii liqaa isaaf dheeressuu fi tursiisuudhaan, ykn liqaa sana keessaa muraasa ykn hunda dhiisuudhaan itti haa laaffisu.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee